WAAJJIRA PIREZIDAANTII MOOTUMMAA
NAANNOO OROMIYAA
የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ፕሬዝዳንት ጽ/ቤት
OROMIA NATIONAL REGIONAL STATE OFFICE OF THE PRESIDENT

Guyyaa
Date ቀን 24/07/2016
Lakk
Ref.No. ቁጥር OL/Dh-40/475

Waajjira Caffee Oromiyaatiif
Finfinnee

Dhimmi: Labsii Caffeen Ragga'e Mallatteessuun Erguu Ta'a.

Armaan olitti akkuma tuquuf yaalame Caffeen Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Walgahii Idilee 6ffaa Waggaa 3ffaa Bara Hojii Caffee 6ffaa taasiseen **Labsii Dhaabbilee Hawaasa Siiviilii Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe Lakkoofsa 254/2016** fi **Labsii Kaffaltii Ittifayyadama Lafa Baadiyyaafi Gibira Galii Hojii Qonnaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irradeebiin Murteessuuf Bahe Lakkoofsa 255/2016** ta'ee Caffeen ragga'ee bahe Magalata Oromiyaa irratti maxxansiisuuf Pirezidaantii Naannichaatiin akka mallattaa'u xalayaa Lakkoofsa CO/259/22/2016 gaafa guyyaa 14/06/2016 barreeffameen gaafachuun keessan ni yaadatama.

Haaluma kanaan, Labsiiwwan armaan olitti ibsaman Magalata Oromiyaa irratti akka maxxanfamu bu'uura Labsii Lakk. 201/2009 Keewwata 31 Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumameen mallattaa'ee xalayaa kanaan Labsiiwwan fuula 53 qabu isinii ergamuu isaa ni beeksifna.

Nagaa Wajjin

Shimallis Abdiisaa
Pirezidaantii

Garagalcha

- Waajjira Pirezidaantii fi MMBMN Oromiyaatiif
- Daarektoreetii Dhimmoota Kaabineetiif
- Damee Seeraatiif

  WPMNO
- Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaatiif

  Finfinnee

Finfinnee/ፊንፊኔ/Addis Ababa
Tin N0 0001547816
(+251-11) 551 04 55
552 42 47
E-mail:oromiapo@oromia.gov.et
www.oromia.gov.et
(+251-11) 551 36 42
552 96 33
101769

**Labsii Kaffaltii Ittifayyadama Lafa Baadiyyaafi Gibira Galii Hojii Qonnaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irradeebiin Murteessuuf Bahe, Lakkoofsa 255/2016**

Kaffaltiin ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibirri galii hojii qonnaa guddina diinagdee biyyaafi Naannichaa keessatti shoora irra eegamu akka bahu taasisuuf hanga kaffaltii qonnaan bulaa, horsiisee bulaafi gamisa horsiisee bulaa Labsii hojiirra tureen murtaa'ee ittiin hojjetamaa ture haala yeroo waliin walsimuun irradeebiin murteessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Qonnaan bulaan, horsiisee bulaafi gamisa horsisee bulaan teknolojii ammayyaatti fayyadamuun oomishaafi oomishtummaan isaa dabalaa waan jiruuf oomisha qonnaa irraa galii argamuun kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa walmadaalu kaffalchisuun waan barbaachiseef;

Kaffaltiin ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa bal'ina lafaa, haala oomishaafi gosa oomishaa yookiin baay'inaa fi gosa beeyladaa irratti hundaa'uun karaa haqa qabeessa ta'een yeroo seeraan daanga'e keessatti akka sassaabamu sirna iftoomina qabu diriirsuun barbaachisaa waan ta'eef;

Aangoofi hojii qaamolee sassaabbii kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa keessatti gahee qaban haala iftoominaafi ittigaafatamummaa mirkaneessuun danda'amuun tumuun waan barbaachiseef;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe Labsii Lakkoofsa 46/1994 Keewwata 49 (3) (a) tiin kan kanatti aanu labsameera.

## Kutaa Tokko
## Tumaalee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa

   Labsiin kun "Labsii Kaffaltii Ittifayyadama Lafa Baadiyyaafi Gibira Galii Hojii Qonnaa Naannoo Oromiyaa, Lakkoofsa 255/2016" jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. Hiika

   Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Labsii kana keessatti:

   1) "Biiroo" jechuun Biiroo Galiiwwanii Oromiyaafi caasaa isaa sadarkaan jiru kan dabalatuudha.
   2) "Gamisa Horsiisee Bulaa" jechuun nama jiruufi jireenya isaafi maatii isaa caalmaadhaan horii horsiisuufi sadarkaa murtaa'een oomisha qonnaa irraa argamu irratti kan hundaa'eedha.
   3) "Gibira Galii Hojii Qonnaa" jechuun gibira galii hojii qonnaa irraa argamu irratti bu'uura Labsii kanaatiin akka kaffalamuuf murtaa'eedha.

4) **"Hojii Qonnaa"** jechuun lafa baadiyyaa tooftaafi meeshaa kamiiniyyuun qotuu yookiin misoomsuufi oomisha kamiyyuu oomishuu, lafa baadiyyaa irratti horii horsiisuu, bu'aa bineensa bosonaafi qurxummii misoomsuu yookiin oomishuu kan dabalatuudha.

5) **"Horsiisee Bulaa"** jechuun nama jiruufi jireenyi isaa irra guddaan beeyladaafi bu'aa beeyladaa irraa argamu irratti kan hundaa'eedha.

6) **"Kaffaltii Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa"** jechuun kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaa hojii qonnaatiif ooluuf kaffalamuudha.

7) **"Lafa Baadiyyaa"** jechuun lafa daangaa bulchiinsa ganda baadiyyaa keessatti argamu ta'ee, lafa daangaa magaalaa jalatti daangeffamee pilaanii magaalaa jala galee walharkaa fuudhinsi hin taasifamne yookiin lafa daangaa magaalaa jalatti galee walharkaa fuudhinsi taasifame hojii qonnaaf oolu hunda kan dabalatuudha.

8) **"Mootummaa"** jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaati.

9) **"Nama"** jechuun nama uumamaa yookiin qaama mirgi namummaa seeraan kennameefiidha.

10) **"Oomishaalee Dibataa"** jechuun oomishaalee qonnaa kanneen akka nuugii, talbaa, suufii, saliixii, ocholooniifi oomishaalee walfakkaatoo biroo kan dabalatuudha.

11) **"Oomishalee Mi'eesituufi Urgeessituu"** jechuun oomishaalee qonnaa kanneen akka kororimmaa, abasuuda, bassobilaa, roozmarii, barbareefi oomishaalee walfakkaatoo biroo kan dabalatuudha.

12) **"Qaama Miidhamaa"** jechuun nama sababa miidhaa qaamaa yookiin sammuu irra gaheen karaa guutuu ta'een ofii isaatiin oomishuu kan hin dandeenye ta'uu isaa qaama rogummaa qabu irraa ragaa kan dhiyeeffatudha.

13) **"Qonnaan Bulaa"** jechuun nama mirga ittifayyadama lafa baadiyyaa qabaatee galiidhuma laficharraa argamuun ofii isaafi maatii isaa kan bulchuudha.

14) **"Rakkoo Humnaa Olii"** jechuun sababa uumamaa yookiin namtolcheen gochaawwan bara oomishichaa keessatti hojii qonnaa guutumaa guutuutti yookiin gartokkeen gufachiisan ta'ee kanneen akka hongee, weerara dhibee, weerara hawwaanisaa yookiin waraana kan dabalatuudha.

15) **"Sassaabaa Galii"** jechuun nama Biirichaan akka galii kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii sassaabuuf aangoon bakka bu'ummaa kennameefiidha.

3. Ibsa Koornayaa

Labsii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame kan dubartiis ni dabalata.

4. Daangaa Raawwatiinsaa

Labsiin kun kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa akka Naannichaatti qonnaan bulaa, horsiisee bulaafi gamisa horsiisee bulaan kaffalamu,

Waajjira Caffee Oromiyaa Mana Galmee Office of Caffee Oromia



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa MANA GALMEE ARCHIVE The Oromia National Regional Office of the President

Biiricha, sassaabaa galiifi qaamolee mootummaa biroo hojiirra oolmaa Labsii kanaa keessatti gahee qaban hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.

5. Qajeeltoo

1) Qonnaan bulaan, horsiisee bulaafi gamisa horsiisee bulaan lafa baadiyyaa hojii qonnaatiif oolu qabate kamiyyuu akkaataa Labsii kana keessatti tumameen kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa waggaatti yeroo 1 (tokko) kan kaffalu ta'a.
2) Kaffaltiin ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa kan murtaa'uufi sassaabamu ragaa qabatamaa irratti hundaa'uun karaa iftoomina qabuufi loogii irraa bilisa ta'een daangaa yeroo Labsii kanaan tumame keessatti ta'a.
3) Kaffaltiin ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa sassaabamu kamiyyuu nagahee qofaan kan raawwatamu ta'a.
4) Eegumsiifi to'annoon maallaqa mootummaa akkaataa Labsii kanaatiin sassaabame bu'uura seerota bulchiinsa faayinaansii Naannichaatiin ta'a.

Kutaa Lama

Hanga Kaffaltii Ittifayyadama Lafa Baadiyyaafi Gibira Galii Hojii Qonnaa

6. Kaffaltii Ittifayyadama Lafa Baadiyyaafi Gibira Galii Hojii Qonnaa Raawwachuu

1) Qonnaan bulaan, horsiisee bulaan yookiin gamisa horsiisee bulaan kamiyyuu sababa rakkoo humnaa olii irraa kan ka'e yoo ta'e malee, lafa baadiyyaa hojii qonnaatiif qabate kamiyyuu irratti akkaataa Labsii kana keessatti tumameen kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa raawwachuu qaba.
2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, lafa baadiyyaa biqiltuun dhaabbii irratti misoome hanga oomisha kennuu eegalutti kaffaltii gibira hojii qonnaa irraa bilisa ta'a. Gosti biqiltuu dhaabbiifi yeroon kaffaltii gibira hojii qonnaarraa bilisa itti ta'e Qajeelfama Biirichi baasuun kan murtaa'u ta'a.
3) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin sababni humnaa olii jiraachuufi jiraachuu dhabuun kan murtaa'u Mana Maree Bulchiinsaa Aanaa dhimmichi ilaallatuun ta'a.
4) Kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa akkaataa Labsii kanaatti murtaa'u kan sassaabamu Biirichaan yookiin sassaabaa galii Biirichi bakka buusuun ta'a.
5) Namni kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaa yookiin gibira galii hojii qonnaa akkaataa Labsii kanaatiin raawwatu kamiyyuu maallaqa kaffaleef Biirichaan yookiin sassaabaa galiitiin nagaheen seera qabeessa ta'e ni kennamaaf.
6) Maallaqni sassaabame Biiroo Maallaqaatiif dhangala'ee nagaheen kan itti citu ta'a.



Waajjira Caffee Oromiyaa
Mana Galmee
Office of Caffee Oromia
Waajjira Pirezidantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional ... Office

7) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 6 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, namni kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa kaffaluuf dirqama qabu teknolojiitti fayyadamuun kaffaltii raawwachuun nagahee argachuu ni danda'a.

7. **Bu'uura Shallaggii Kaffaltii Ittifayyadama Lafa Baadiyyaafi Gibira Galii Hojii Qonnaa**

1) Kaffaltiin ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibirri galii hojii qonnaa haala oomishaafi gosa oomishaa irratti hundaa'un kan murtaa'u ta'a.

2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, lafa baadiyyaa tajaajila horsiisa beeyladaaf dhuunfaan yookiin waloon qabame bal'ina lafaa irratti hundaa'uun kaffaltii ittifayyadama lafaa kan kaffalchiifamu ta'a.

3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, akkaataan kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaa tokkoon tokkoon nama lafa waloon qabamee keessatti mirga qabu aadaafi duudhaa hawaasa naannawa sanaa giddugaleessa taasisuun Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

4) Hangi kaffaltii gibira galii horsiisa beeyladaa baay'inaafi gosa beeyladaa irratti hundaa'uun kan murtaa'u ta'a.

8. **Hanga Kaffaltii Lafa Baadiyyaa Rooba Qofaan Oomishamuu**

1) Haala addaatiin Labsii kana keessatti yoo tumame malee, qonnaan bulaan rooba qofaan oomishu, hektaara tokkotti kaffaltii ittifayyadama lafaa Qarshii250.00 (dhibba lamaafi shantama) fi gibira galii hojii qonnaaf Qarshii 150.00 (dhibba tokkoofi shantama) walumaagalatti Qarshii 400.00 (dhibba afur) kan kaffalu ta'a.

2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, lafa baadiyyaa oomisha baargamoof ooluuf hektaara tokkotti kaffaltii ittifayyadama lafaa Qarshii 300.00 (dhibba sadii) fi gibira galii hojii qonnaaf Qarshii1,000.00 (kuma tokko) walumaagalatti Qarshii 1,300.00 (kuma tokkoofi dhibba sadii) kan kaffalu ta'a.

3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1-2 tti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, namni lafa baadiyyaa hektaara tokkoo gadi yookiin tokkoo ol qabu bal'inni lafichaa hanga kaffaltii gatii hektaara tokkoof murtaa'een baay'atee bu'uura hanga kaffaltii murtaa'een herreegamee kan kaffalu ta'a.

4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1-3 jalatti kan tumame jiraatus, qabiyyeen qaama miidhamaa ofiif oomishuu hin dandeenyeen yookiin dubartii qofaashee maatii bulchituun qabame ragaan seera qabeessa dhimmicha mirkaneessu qaama ragicha kennuuf aangoo qabu irraa yoo dhiyaate bal'ina lafaa waliigalaa keessaa hangi hektaara 0.5 kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hoji qonnaa irraa bilisa kan ta'u ta'a.

9. **Hanga Kaffaltii Lafa Baadiyyaa Roobaafi Jallisii yookiin Jallisii Qofaan Oomishamuu**

1) Namni mirga ittifayyadama lafa baadiyyaa jallisiin misoomu qabu kamiyyuu akkaataa armaan gadiitiin kan raawwatu ta'a:

   (a) Jallisii aadaatiif hektaara tokkotti kaffaltii ittifayyadama lafaa Qarshii 250.00 (dhibba lamaafi shantama) fi gibira galii hojii qonnaaf Qarshii 400.00 (dhibba afur) walumaagalatti Qarshii 650.00 (dhibba jahaafi shantama) kaffaluu;

   (b) Jallisii ammayyaatiif hektaara tokkotti kaffaltii ittifayyadama lafaa Qarshii 250.00 (dhibba lamaafi shantama) fi gibira galii hojii qonnaaf Qarshii 800.00 (dhibba Saddeet) walumaagalatti Qarshii1,050.00 (kuma tokkoofi shantama) kan kaffalu ta'a.

2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, namni lafa baadiyyaa hektaara tokkoo gadi yookiin tokkoo ol qabu bal'inni lafichaa hanga gatii kaffaltii hektaara tokkoof murtaa'een baay'atee bu'uura hanga kaffaltii murtaa'een herreegamee kan kaffalu ta'a.

3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1(a) jalatti kan tumame jiraatus, qabiyyeen lafa jallisii aadaatiif oolu qaama miidhamaa ofiif oomishuu hin dandeenyeen yookiin dubartii qofaashee maatii bulchituun qabame ragaan seera qabeessa dhimmicha mirkaneessu qaama ragicha kennuuf aangoo qabu irraa yoo dhiyaate bal'ina lafaa waliigalaa keessaa hangi hektaara 0.25 kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa irraa bilisa kan ta'u ta'a.

10. **Hanga Kaffaltii Oomishaalee Gabaaf Oolanii**

1) Labsii kana Keewwata 8 fi 9 jalatti kan tumame jiraatus, namni lafa baadiyyaa qabatee oomishaalee qonnaa gabaaf oolan oomishu tokkoon tokkoon gosa oomishaa irratti kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa akkaataa armaan gadiitiin kan kaffalu ta'a:

   (a) Oomishaalee bunaa, maashoofi jimaa irratti hektaara tokkotti kaffaltii ittifayyadama lafaa Qarshii 250.00 (dhibba lamaafi shantama) fi gibira galii hojii qonnaaf Qarshii1,000.00 (kuma tokko) walumaagalatti Qarshii 1,250.00 (Kuma Tokkoofi Dhibba Lamaafi Shantama);

   (b) Oomishaalee baala shaayii, mi'eessituufi urgeessituu, avokaadoo, paappayyaa, muuziifi oomishaalee walfakkaatan biroo irratti hektaara tokkotti kaffaltii ittifayyadama lafaa Qarshii 250.00 (dhibba lamaafi shantama) fi gibira galii hojii qonnaaf Qarshii 850.00 (Dhibba Saddeetiifi Shantama) walumaagalatti Qarshii 1,100.00 (kuma tokkoofi dhibba tokko);

   (c) Oomishaalee dibataa irratti hektaara tokkotti kaffaltii ittifayyadama lafaa Qarshii 250.00 (Dhibba Lamaafi Shantama) fi gibira galii hojii qonnaaf Qarshii1,200.00

Waajjira Caffee Oromiyaa / Office of Caffee Oromia (stamp)



The Oromia National Regional ... Office of the President — ARCHIVE (stamp)

(kuma tokkoofi dhibba lama) walumaagalatti Qarshii1,450.00 (Kuma Tokkoofi Dhibba Afuriifi Shantama);

(d) Oomisha agadaa shankooraa irratti hektaara tokkotti kaffaltii ittifayyadama lafaa Qarshii 250.00 (dhibba lamaafi shantama) fi gibira galii hojii qonnaaf Qarshii 800.00 (dhibba saddeet) walumaagalatti Qarshii1,050.00 (Kuma Tokkoofi Shantama).

2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, namni lafa hektaara tokkoo gadi yookiin tokkoo ol qabu bal'inni lafichaa hanga gatii kaffaltii hektaara tokkoof murtaa'een baay'atee bu'uura hanga kaffaltii gosa oomishichaatiin herreegamee kan kaffalamu ta'a.

11. Haala Addaa Kaffaltii Lafa Baadiyyaa

1) Labsii kana Keewwata 8 hanga 10tti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, namni mirga ittifayyadama lafa baadiyyaa qabu kamiyyuu hojii oomishaaf oolchuu baatus hektaara tokkotti kaffaltii ittifayyadama lafaa Qarshii 250.00 (Dhibba Lamaaf Shantama) fi gibira galii hojii qonnaaf Qarshii150.00 (Dhibba Tokkoofi Shantama) walumaagalatti Qarshii 400.00 (Dhibba Afur) kan kaffalu ta'a.

2) Namni lafa horsiisa beeyladaaf oolu dhuunfaanis ta'e waloon qabu kamiyyuu heektaara tokkotti kaffaltii itti fayyadama lafaa Qarshii 250(Dhibba Lamaaf Shantama) kan kaffalu ta'ee, lafti inni qabu hektaara tokkoo gadi yookiin tokkoo ol yoo ta'e bal'inni lafichaa hanga kaffaltii gatii hektaara tokkoof murtaa'een herregamee kan kaffalu ta'a.

12. Hanga Kaffaltii Horsiisa Beeyladaa

1) Qonnaan bulaan, horsiisee bulaan yookiin gamisa horsiisee bulaan hoolaafi/yookiin re'ee baay'inni isaanii 15 fi isaa gadi ta'e, horii gaanfaa baay'inni 10 fi isaa gadi ta'e, farda yookiin harree yookiin gaangee yookiin ida'ama isaanii 5 fi isaa gadi ta'e yookiin gaala baayinni isaanii 5 fi isaa gadi ta'e qabu gibira galii irraa bilisa ta'a.

2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumame jiraatus, qaama miidhamaan yookiin dubartiin qofaa ishee maatii bulchitu hoolaafi/yookiin re'ee baay'inni isaanii 17 fi isaa gadi, horii gaanfaa baay'inni 12 fi isaa gadi, farda yookiin harree yookiin gaangee yookiin ida'ama isaanii 7 fi isaa gadi yookiin gaala baayinni isaanii 7 fi isaa gadi ta'e qabu gibira galii hojii qonnaa irraa bilisa taati.

3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 fi 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Qonnaan bulaan, horsiisee bulaan yookiin gamisa horsiisee bulaan beeylada baay'inni isaanii hanga gibira galii irraa bilisa ta'een ol qabu baay'inaafi gosa beeyladaa irratti hundaa'ee beeylada tokko irratti akkaataa armaan gadiitiin gibira galii kan kaffalu ta'a:

(a) Hoolaa yookiin re'ee tokkoof Qarshii10.00 (kudhan);

(b) Horii gaanfaa tokkoof Qarshii 50.00 (shantama);

(c) Farda yookiin harree yookiin gaangee tokkoof Qarshii 30.00 (soddoma);

(d) Gaala tokkoof Qarshii100.00 (dhibba tokkoo).

4) Hangi kaffaltii gibira galii beeyladaa bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti tumameen baay'inni beeyladaa hanga bilisa ta'uu olitti jiru hanga kaffaltii gatii beeylada tokkoof murtaa'een baay'ifamee kan kaffalamu ta'a.

5) Haalli raawwii Keewwata kanaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

**13. Yeroo Kaffaltii Ittifayyadama Lafa Baadiyyaafi Gibira Galii Hojii Qonnaa**

1) Qonnaan bulaan, horsiisee bulaafi gamisa horsiisee bulaan kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa barri baajataa seenee hanga ji'a Bitootessa 30tti kaffaluu qaba.

2) Namni daangaa yeroo Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumame keessatti kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa kan hin raawwanne yoo ta'e adabbii bulchiinsaa Labsii kana keessatti tumame kan adabamu ta'a.

3) Sassaabaan galii Biirichaan bakka bu'e kamiyyuu kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa akkaataa Labsii kanaatiin sassaabe daangaa yeroo Qajeelfama Biirichaan bahuun murtaa'u keessatti galii taasisuu qaba.

4) Sassaabaan galii sababa gahaafi amansiisaatiin yoo ta'e malee, maallaqa sassaabe daangaa yeroo Qajeelfamaan tumamu keessatti galii kan hin taasifne yoo ta'e, dhala maallaqa sassaabeefi adabbii bulchiinsaa Labsii kana keessatti tumame kan kaffalu ta'a.

**14. Kaffaltii Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa Irraa Bilisa Ta'uu**

1) Qaamoleen armaan gadii kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaa irraa bilisa:

   (a) Dhaabbata mootummaa yookiin mit-mootummaa yookiin abbaa qabeenyaa dhuunfaa akkaataa seera rogummaa qabuutiin bosona misoomsu;

   (b) Paarkii biyyaalessaa yookiin Mootummaa Naannichaa;

   (c) Dhaabbilee mootummaa hojii bu'aa argamsiisu irratti bobba'aniin alatti lafa qabatanii tajaajila ummataaf kennan;

   (d) Dhaabbilee amantaa qabiyyee lafa baadiyyaa istaandardii bu'uura seera rogummaa qabuun murtaa'eefi isaa gadi ta'e qabatan, akkasumas qabiyyee lafa baadiyyaa tajaajila hafuuraa qofaaf kan oolchan yoo ta'eedha.

2) Keewwata kan Keewwata Xiqqaa 1 (c fi d) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, hangi kaffaltii ittfayyadama lafaa dhaabbileen amantaa qabiyyee lafa baadiyyaa istaandardii seeraan murtaa'ee ol qabatanii hojii oomisha qonnaa irratti gaggeessaniifi dhaabbilee mootummaa qabiyyee lafa baadiyyaa qabachuun hojii bu'aa argamsiisu irratti bobba'an akkaataa seera rogummaa qabuutiin kan raawwatamu ta'a.

## Kutaa Sadii

## Aangoofi Hojii Qaamolee Adda Addaa

15. Aangoofi Hojii Biiroo Galiiwwanii Oromiyaa

Seerota birootiin kan kennameef akkuma eegametti ta'ee, Biirichi:

1) Ragaa abbaa qabiyyee, hanga qabiyyeefi jijjiirama jiru kamiyyuu yeroo yeroon qindeessee ni qabata;
2) Kaffaltiin ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibirri galii hojii qonnaa yeroodhaan akka raawwatamuuf ni hojjata; kaffaltoota ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaaf mirgaafi dirqama isaanii irratti hubannoo ni kenna; komii dhimma kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa irratti dhiyaatu ilaalchisee murtii ni kenna; akka kennamuuf ni hojjata;
3) Sassaabdoonni galii daangaa yeroo seeraan murtaa'e keessatti maallaqa sassaabaan akka galii taasisaniif ni deeggara; ni hordofa; bakka rakkoon jirutti tarkaanfii ni fudhata; qaama aangoo qabuun tarkaanfiin akka fudhatamu ni taasisa;
4) Dhimmoota Labsii kana keessatti tumaman milkeessuuf qaamolee biroo waliin qindoominaan ni hojjata.

16. Aangoofi Hojii Biiroo Lafaa Oromiyaa

Seerota birootiin kan kennameef akkuma eegametti ta'ee, Biiroon Lafaa:

1) Maqaafi hanga itti fayyadamtoota qabiyyee lafa baadiyyaa Labsii kana keessatti ibsaman adda ni baasa; Biiricha ni beeksisa;
2) Ragaa lafa baadiyyaa kadaastaraan safarameefi hin safaramne adda baasee ni qabata; Biirichaan yeroo gaafatametti jijjirama jiru waliin adda baasee ni kenna;
3) Qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uun, akka barbaachisummaa isaatti sadarkaa lafaa ragaa qabatamaa irratti hundaa'uun adda ni baasa; Biirichaaf yookiin qaama dhimmi ilaalu biroof ni kenna.
4) Dhimmoota Labsii kana keessatti tumaman milkeessuuf qaamolee biroo waliin qindoominaan ni hojjata.

17. Aangoofi Hojii Biiroo Qonnaa Oromiyaa

Seerota birootiin kan kennameef akkuma eegametti ta'ee, Biiroon Qonnaa Oromiyaa ragaa, gosaafi baay'ina beeyladaa tokkoon tokkoo qonnaan bulaan, horsiisee bulaan yookiin gamisa horsiisee bulaan qabu qaama dhimmi ilaallatu waliin ta'uun adda baasee ni qabata; Biirichaan yeroo gaafatamu jijjiirama jiru waliin ni kenna.

18. Aangoofi Hojii Bulchiinsa Aanaa

Seerota birootiin kan kennameef akkuma eegametti ta'ee, Bulchiinsi Aanichaa:

1) Kaffaltiin ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibirri galii hojii qonnaa yeroon akka sassabamu ni deeggara; ni hordofa; bakka rakkoon jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;

2) Ragaa lafaa gosa oomishaa waliin, gosaafi baay'ina beeyladaa qonnaan bulaa, horsiisee bulaa yookiin gamisa horsiisee bulaa akka Aanichaatti jiru qaamni aangoo qabu qindeessee akka qabatu ni taasisa; sirni qabiinsa ragaa ammayyaa'aa ta'e akka diriiru ni taasisa;

3) Ragaan kadaastara lafaa akka Aanaatti jiru safaramee qaama aangoo qabuun akka qindaa'u ni taasisa.

## 19. Aangoofi Hojii Bulchiinsa Gandaa

Seerota birootiin kan kennameef akkuma eegametti ta'ee, Bulchiinsi Gandichaa:

1) Ragaa lafaafi qabeenya beeyladaa tokkoon tokko qonnaan bulaa, horsiisee bulaafi gamisa horsiisee bulaa ganda isaa qabu qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uun qindeessee ni qabata;

2) Kaffaltiin ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibirri galii hojii qonnaa yeroon akka sassaabamu ni deeggara; ni hordofa; bakka rakkoon jirutti tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa;

3) Ragaa lafaa gosa oomishaa waliin, gosaafi baay'ina beeyladaa qonnaan bulaa, horsiisee bulaa yookiin gamisa horsiisee bulaan Gandichaa qabu ni qabata; qaamni aangoo qabu qindeessee akka qabatu deeggarsa barbaachisaa ni taasisa.

## 20. Aangoofi Gahee Hojii Sassaabaa Galii

Seerota birootiin kan kennameef akkuma eegametti ta'ee, sassaabaan galii:

1) Kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa harcaatii tokko malee, yeroo taa'e keessatti ni sassaaba; mallaqa sassaabeef nagahee seera qabeessa ni kenna; maallaqa sassaabe yeroo murtaa'e keessatti galii ni taasisa;

2) Nagahee sassaabbii kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa ofeeggannon ni qabata;

3) Hojii hojjate gabaasa yeroo yeroon qaama dhimmi ilaaluuf ni kenna;

4) Rakkoon humnaa ol ta'e yoo mudate malee, harcaatii sassaabbii kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira hojii qonnaa ganda isaa mudatuuf ittigafatamummaa ni qabaata.

## Kutaa Afur

## Mirga Kaffaltoota Gibira Galii, Kaffaltii Ittifayyadama Lafa Baadiyyaafi Hundeeffama Koree

### 21. Mirga Kaffalaa Gibira Galiifi Kaffaltii Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa

Kaffalaan kamiyyuu yoo gaafate Biirichi yookiin qaamni kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa akka sassaabu bakka bu'e ibsa akkaataa hojii herreegaa kan armaan gaditti ibsaman addaan baasee ni kennaaf:

1) Hamma qabiyyee lafa kaffaltiin ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibirri galii hojii qonnaa irratti gaafatamee;
2) Hamma maallaqaa ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaaf kaffalamuu;
3) Hamma adabbii (yoo jiraate);
4) Ibsa barbachisu kan biraa.

### 22. Hundeeffama Koree

1) Koreen ol'iyyannoo murtii ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa dhagahu kanaan booda **"Koree"** jadhamee waamamu tokkoon tokkoo Aanaa irratti Labsii kanaan hundeeffameera.
2) Itti waamani Koree Bulchaa Aanichaatiif ta'a.

### 23. Miseensota Koree

1) Korichi miseensota armaan gadii ni qabaata:
   (a) Ittigaafatamaa Waajjira Bulchaafi Mana Maree Bulchiinsaa Aanaa ... Walitti Qabaa;
   (b) Ittigaafatamaa Waajjira Qonnaa ........................................... Miseensa;
   (c) Ittigaafatamaa Waajjira Lafaa ............................................. Miseensa;
   (d) Ittigaafatamaa Waajjira Misooma Jallisiifi Horsiisee Bulaa .................. Miseensa;
   (e) Ittigaafatamaa Waajjira Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii .................. Miseensa;
   (f) Ittigaafatamaa Waajjira Maallaqaa ............................................ Miseensa;
   (g) Ogeessa seeraa Bulchaa Aanichaan Bakka Bu'u Nama Tokko ................. Miseensa.
2) Waajjira Bulchaafi Mana Maree Bulchiinsaa Aanaa irraa kan bakka bu'u ogeessa tokko sagalee malee Barreessaa Koree ta'ee ni tajaajila.

### 24. Akkaataa Komiin Itti Dhiyaatu

1) Murtii kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa kennamerratti qaamni komii qabu kamiyyuu guyyaa murtiin isa dhaqqabe irraa eegalee guyyaa 21 (digdamii tokko) keessatti Koree komii akkaataa Labsii kana Keewwata 21 tiin hundaa'etti ol'iyyannoo dhiyeeffachuuf mirga ni qaba.
2) Ol'iyyannoon qaama komii dhiyeeffatu dhagahamuu kan danda'u kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa akka kaffalamu murtaa'e keessaa kan komii qabu irratti % 50 Biirichatti yoo kaffale qofa ta'a.



Mana Galmee
The Oromia National Regional Government Office of the President
MANA GALMEE ARCHIVE

3) Namni ol'iyyannoo gaafatu kamiyyuu ragaawwan kaffaltiin Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 irratti ibsame kaffalamuu isaa mirkaneessan ol'iyyannoo isaa wajjin walqabsiisee baarreessaa Koreetiif dhiyeessuu qaba; guyyaan Barreessaan Koree ol'iyyannoo sana fuudhe kunis akka guyyaa ol'iyyannoon itti dhiyaateetti lakkaawama.

25. Dirqama Ibsa Kennuufi Ragaalee Dhiyeessuu

Ol'iyyanni kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibirri galii hojii qonnaa yammuu dhiyaatu, jalqaba irratti ol'iyyataan sababa kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa irratti murtaa'e morme, itti aansuun caasaan Biirichaa komiin irratti dhiyaate haala kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaa yookiin gibirri galii hojii qonnaa itti murtaa'e ibsuufi ragaalee barbaachisaa ta'an dhiyeessuuf dirqama ni qabu.

26. Haala Murtiin Koree Komii Itti Kennamu

1) Korichi komii ol'iyyannoofi ragaawwan deeggarsaa kan iyyataan dhiyeeffate, akkasumas sababiiwwaniifi ragaawwan ittisaa kan Biirichi dhiyeesse galmeessuudhaan murtii dhiibbaarraa bilisa ta'e barreeffamaan ni kenna.
2) Koreen ol'iyyannoo dhiyaate irratti murtii kan kennu seeraafi ragaa dhiyaate bu'uureffatee ta'uu qaba.
3) Korichi seeraafi ragaa irratti hundaa'uun kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa ol'iyyannoon irratti dhiyaate raggaasisuu yookiin hir'isuu ni danda'a; murtii kennus sababa gahaan deeggaruu qaba.
4) Korichi dhimmoota dhiyaataniif kamiyyuu yeroo gabaabaa keessatti murtii irratti kennuu qaba; raawwiin isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.
5) Garagalchi murtii Korichaa garee walfalmaniif barreeffamaan kennamuu qaba.
6) Gareen walfamitootaa guyyaa garagalchi murtii isaan dhaqqabe irraa eegalee guyyoota walitti aanan 30 keessatti ol'iyyannoo kan hin gaafanne yoo ta'e murtiin Korichaa kan dhumaa ta'a.
7) Ol'iyyataan guyyaa murtiin isa dhaqqabe irra eegalee guyyoota walitti aanan 30 keessatti haala murtii Korichaatiin kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa kaffaluu qaba.

27. Sirna Walgahii Koree Ol'iyyannoo

1) Koreen ji'atti yeroo tokko walgahii idilee kan qabaatu ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti walgahii ariifachiisaa qabaachuu ni danda'a.
2) Walgahiin Koree gaggeeffamuu kan danda'u miseensoota Korichaa keessaa walakkaa ol yoo argaman ta'a.
3) Murtiin Koree kan darbu sagalee caalmaadhaan ta'ee, sagaleen walqixa yoo ta'e, yaadni Walitti Qabaadhaan deeggarame murtee Korichaa ta'a.

28. Ol'iyyannoo Mana Murtiitti Dhiyaatu

1) Namni murtii Koree ol'iyyannoo dhagahuun kenname irratti dogoggorri seeraa raawwatameera jedhee kan amanu yoo ta'e, guyyaa murtiin isa dhaqqabe irraa eegalee guyyoota walitti aanan 30 keessatti ol'iyyannoo isaa Mana Murtii Aanaa dhimmicha ilaaluuf aangoo qabutti dhiyeeffachuu ni danda'a.
2) Namni akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin Mana Murtiitti ol'iyyannoo dhiyeeffachuu kan danda'u kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa Koreen murteesse keessaa % 75 kaffaluun isaa yoo mirkanaa'e qofa ta'a.

29. Aangoo Mana Murtii

1) Manni Murtii ol'iyyannoon dhiyaateef dogoggorri seeraa jiraachuu isaa yammuu mirkaneessutti dogoggoruma seeraa qofa sirreessuun Koree ol'iyyannoon dhimmicha ilaalee murtii kenneef deebisuun alatti, ijoo hanga kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa keessa seenee ilaaluuf aangoo hin qabaatu.
2) Koreen ol'iyyannoo haala dogoggora seeraa sirreeffameen murtii isaa irradeebi'ee ilaalee sirreessuun barreeffamaan garee walfalmitootaa akka dhaqqabu taasisuu qaba.

30. Dhimmoota Koree Ol'iyyannoo Raawwachiisuu

Ittigaafatamaa Waajjira Bulchaafi Mana Maree Bulchiinsaa Aanichaa haala Labsii kanaatiin dhimmoota ol'iyyannoon irratti dhiyaatu ilaalchisee hojiiwwan hordofuu, qindeessuu, raawwachiisuu, akkasumas qajeelfamoota, xalayootaafi murtiiwwan baasii taasifaman kan mallatteessuufi kan raawwachiisu ta'a.

## Kutaa Shan
## Waa'ee Adabbii Bulchiinsaa

31. Adabbii Bulchiinsaa

1) Qonnaan bulaan, horsiisee bulaan yookiin gamisa horsiisee bulaan kamiyyuu akkaataa seera kanaatiin kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaa yookiin gibira galii hojii qonnaa kaffaluuf dirqamu osoo hin kaffalin yeroon seeraan kaa'ame yoo darbe, galii osoo hin kaffalamin ture irratti ji'a ji'aan % 5 hanga % 25 gahutti adabbii ni kaffala. Haa ta'u malee adabbiin kaffalamu % 25 caaluu hin qabu.
2) Kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa akka sassaabu namni bakka bu'ee galii sassaabe sagantaa Biirichi baasuun yeroon hin galchine yoo ta'e, guyyaa galchuu qabuurraa eegalee ji'a ji'aan % 5 hanga % 50 gahutti ni adabama. Komishinii kaffalamuufii qabus hin argatu.

32. Adabbii Irraa Bilisa Taasisuu

Biirichi qonnaan bulaan, horsiisee bulaan yookiin gamisa horsiisee bulaan kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa yeroodhaan kaffaluu kan dadhabeef sababa gahaafi amansiisaa ta'uu isaa ragaa gahaan yoo mirkaneeffate adabbii murtaa'ee irraa bilisa taasisuu ni danda'a; Haalli raawwii isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

33. Adabbiin Akka Qaama Gibiraatti Kan Lakkaawamu Ta'uu Isaa

Adabbiin akkaataa Labsii kana Keewwata 31 tiin murtaa'u kamiyyuu qaama kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaa yookiin gibira galii hojii qonnaa qonnaan bulaa, horsiisee bulaa yookiin gamisa horsiisee bulaa akka ta'etti kan sassaabamu ta'a.

34. Haala Sassaabbii Kaffaltii Ittifayyadama Lafa Baadiyyaafi Gibira Galii Hojii Qonnaa

Namni kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaa yookiin gibira galii hojii qonnaa kaffaluuf dirqama qabu kamiyyuu kaka'umsa ofiitiin yookiin beeksisni murtii isa gahe kaffaltii irraa barbaadamu yeroo Labsii kanaan murtaa'e keessatti kan hin kaffalle yoo ta'e yookiin ol'iyyannoo kan hin dhiyeeffanne yoo ta'e, Biirichi guyyaa dhumaa kaffaltiin itti raawwatamuu qabu irraa eegalee yeroo kamiyyuu Mana Murtii aangoo qabutti himachuun dirqamaan kaffalchiisuu ni danda'a.

35. Komishinii

Sassaabaan galii bu'uura Labsii kanaatiin kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaa yookiin gibira galii hojii qonnaa akka sassaabu bakka bu'iinsi kennameef, Biirichi maallaqa sassaabamu irraa % 1 komishinii kan kaffaluuf ta'a.

Kutaa Jaha

Tumaalee Adda Addaa

36. Haala Addaan Kaffaltii Irraa Bilisa Taasisuu

Qonnaan bultoonni, horsiisee bultoonni yookiin gamisa horsiisee bultoonni Aanaa tokko yookiin tokkoo ol keessa jiraatan sababa rakkoo humnaa ol ta'een guutumaaguututti yookiin gartokkeen oomisha qonnaa irra yookiin beeylada irra miidhaan kan irra dhaqqabe yoo ta'e, Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa irraa guutummaatti yookiin gartokkeen bilisa taasisuu ni danda'a. Raawwiin isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

37. Hanga Kaffaltii Dabaluu yookiin Hir'isuu

1) Hangi kaffaltii ittifayyadama lafa baadiyyaafi gibira galii hojii qonnaa Labsii kana keessatti tumame jiraatus, qorannoo irratti hundaa'uun Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa hanga kaffaltii Labsii kanaan murtaa'e dabaluu yookiin hir'isuu ni danda'a.

2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatus, hangi kaffaltii Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa dabalu yookiin hir'isu haala kamiiniyyuu %75 caaluu hin danda'u.

3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti kan tumame jiraatus, dabaluun yookiin hir'isuun kaffaltii hojiirra ooluu kan danda'u Koree Qindeessituu Caffee beeksisuun ta'a.

4) Haalli raawwii Keewwata kanaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

**38. Dirqama Deeggarsa Kennuu**

Namni kamiyyuu Labsii kanaafi Dambii yookiin Qajeelfama bu'uura Labsii kanaatiin bahu hojiirra oolchuuf deeggarsa barbaachisaa ta'e kennuuf dirqama qaba.

**39. Adabbii Yakkaa**

Namni tumaalee Labsii kanaa, Dambii yookiin Qajeelfama Labsii kana hojiirra oolchuuf bahe cabsee argame kamiyyuu akkaataa seera yakkaa rogummaa qabuutiin kan ittigaafatamu ta'a.

**40. Tumaalee Ce'umsaa**

1) Kaffaltii ittifayyadama Lafa Baadiyyaafi Gibira Galii Hojii Qonnaa Labsiin kun osoo hojiirra hin ooliin dura hin sassaabamiin hafe bu'uura seerota hojiirra turaniin xumura kan argatan ta'a.
2) Dambiin yookiin Qajeelfamni seerota Labsii kanaan haqaman bu'ureeffachuun bahanii hojiirra jiran hanga Labsii kanaan wal hin faallessineefi hanga Dambi yookiin Qajeelfama birootiin bakka bu'anitti raawwiin isaanii kan itti fufu ta'a.

**41. Seerota Haqamaniifi Raawwatiinsa Hin Qabaanne**

1) Labsiin Kaffaltii Ittifayyadama Lafa Baadiyyaafi Gibira Galii Hojii Qonnaa Irra Deebi'uudhaan Fooyyessuuf Bahe Lakkoofsa 99/1997 fi Labsii Kaffaltii Ittifayyadama Lafa Baadiyyaafi Gibira Galii Hojii Qonnaa Lakkoofsa 99/1997 Fooyyessuuf Bahe Lakkoofsa 131/1999 Labsii kanaan haqamanii jiru.
2) Seeroonni yookiin hojimaanni Labsii kanaan walfaallessan kamiyyuu dhimmoota Labsii kanaan hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

**42. Aangoo Dambiifi Qajeelfama Baasuu**

1) Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa Labsii kana hojiirra oolchuuf Dambii baasuu ni daanda'a.
2) Biirichi Labsii kanaafi Dambii bu'uura Labsii kanaatiin bahu raawwachiisuuf Qajeelfama baasuu ni danda'a.

Waajjira Caffee Oromiyaa Mana Galmee Office of Caffee Oromia



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa MANA GALMEE ARCHIVE The Oromia National Regional Government Office

43. Yeroo Labsiin Kun Hojiirra Itti Oolu

Labsiin kun guyyaa Magalata Oromiyaa irratti maxxanfamee bahe irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Finfinnee,

Guraandhala 11 Bara 2016

Shimallis Abdiisaa

Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa